ADDA BILISUMMAA OROMOO
Koree HR Konyaa ABO VIC

OROMO LIBERATION FRONT
OLF VIC state committee

…………………………………………………………………………………………………………

**"Nutu Waliif Irkoo"**

**Yaamicha Kora hawaasaa fi Kabajatnaa Guyyaa WBO 2013:**

Lammiin Oromoo magaalaa Melbourne fi kutaalee Australia adda addaa keessa jirtan;

Torban dhuma baatii Muddee, (December) biyya Australia, keessattuu magaalaa Melbourne keessatti, torban qophiileen sochii Oromoo calaqqisan mul'isan fi dhaadhessan dhihaatanii dha. Akka hawaasaatti qophiilee baatii kana keessa dhiheessaman keessaas: Do'ii maalummaa sabummaa Oromoo ibsan kan walkeessa magaalaa Melbourne 'Federation Square' jedhamutti kabajamu, eebba qaroo barmootaa (fakkii ol-guddattoota Oromof warreen tahaniif hawaasni badhaasa adda addaa itti qopheessaniif), dabalees guyyaa wal-dorgommii kubbaa waliigalaa gartuulee Sport Oromoo gidduutti gaggeessamuu dha.

Qophiileen kun hundi eenyummaa Oromoo alagaa biratti Oromoo fi Oromia beeksuu keessatti gahee qabaateera. Bara 2012 kanas magaalaa Melbourne keessatti itti fufamee kabajamuuf karaa koree hawaasa Oromoo itti jirama.

Korri Gamtaa miseensota ABO kutaa Australia fi New Zealand, (Mudde, Dec. 29, 2012), akkasumas Korri hawaasaa fi guyyaan kabajatnaa WBO (Mudde, Dec. 30, 2012) "Nutu Waliif Irkoo" jechuun dhuma baatii Muddee kanatti qopheessamaa jirus dhuma waggaa 2012 kana adda taasisa.

Kanaaf, ilmaan Oromoo dhimma saba keessanii irratti Irkoo waliif tahuu fedhtan kora hawasaa kana irraa akka qooda fudhattan koreen qindeessituu kora 2012 yaamicha kabajaa isiniif dabarsiti.

**Nagaa lammummaa waliin,**

**Injifannoo Uummata Oromoof !!!**

**Koree Qindeessituu Koraa.**